# Mala Qorannoo Keessoo Gadameessaa Itiin Ilaalan (Saline infusion sonography, SIS) fi mala qorannoo keessoo ujummoo gadameessaa ittiin ilaalan (hystero-salpingo contrast sonography (HyCoSy)

the women's
the royal women's hospital

Dooktoriin kee qorannoo kana keessaa tokko yookaan lamaaf si ergeera. Waraqaan odeeffannoo kun qorannoowwan kunneen maal akka ta’an, maaliif akka siif kennaman fi maaltu akka ademsa (qorannaa) kanaan duratti, yeroo qorannaa fi qorannaa boodatti maaltu akka tahu ibsa.


## Saline infusion sonography maalidha?

Saline infusion sonography gadameessa keessan keessa akka arginu nu taasisa.

Yeroo suuraa ultrasound taasifamu, bishaan soogidda qulqulluu (salaayinii) gadaammeessa kee keessatti naqna. Bishaanichi kuni garaa keessaa sirriitti akka arginu nu gargaara.

Qorannoon kun siif kennama yoo ati:

- ulfi irra deddeebi’ee yoo sirraa bahe
- marsaa laguu irratti dhukkubbii ulfaataa yoo qabaatte
- guddina kaansarii hin taane gadameessa keessan keessatti, kan akka fibroids ykn polyps yoo argame




Gubbaa-bishaan saalayinii galchuun dura
Jala - bishaan saalayinii galchuun booda




## Hystero-salpingo contrast sonography (HyCoSy) jechuun maali?

Suuraa Hystero-salpingo contrast sonography (HyCoSy) ujummoon gadaamessaa (filopian tubes) yoo cufame akka arginu nu qarqaara. Hanqaaqun ovarii irraa ka'uun karaa ujummoowwan kanaa gara gadameessaa (uterus) deema waan ta'aaef ujummoon cufamuun akka hin ulfuufne rakkoo uumuu danda’a.

Yeroo adeemsa kanaa raawwannu, hoomacha bifa addaa qabu gadameessa keessan keessa galchina. Hoomachi kuni ultrasound irratti ifee mul’ata, kanaafuu yeroo hoomachi ujummoo gadaammeessaa keessa sosso’uu laallee rakkoo jiru adda baafachuu dandeenya.





## Beellema waldhaansa keetii

Guyyaa tokkotti qorannoowwan lameen taasifamun ni mala.

Akka ati ulfaa hin taane mirkaneessuuf, marsaa ji'aa kee keessatti guyyaa 10ffaa irratti gochuu yaalla. Hojjettoonni keenya siif bilbilanii yoom akka beellama waldhaansa kanaaf qabachuu qabdu sitti himan. Yoo laguu kee sirrii hin taane yookaan guyyaa 10ffaa marsaa keetii hin beekne ta'e, nu quunnami.

## Waldhaansa




1. Jalqaba, doctorri qorannoo altiraasaawundii gochuuf probe (lilmii qara hin qabne) qaama saalaa keessa galchuun gadameessaa fi ovaarii keessan qorata. Kunis altiraasaawundii qaama saalaa keessaa qoratu (internal transvaginal ultrasound scan) jedhamee beekkama.
2. Altiraasaawundii booda doctorri meeshaa gadameessa keessa seenun altiraasaawundii kaasu erga baasee booda ispeekulamii fayyadamuun qaamni saalaa kee banamee akka turu godha. Akka yeroo qorannoo gadameessaa (cervical smear test) gootu ti. Doktarri qaama saalaa fi morma gadameessaa (cervix) keessan qoricha farra vaayirasiitiin (antiseptic solution) ni qulqulleessa. Kun xiqqoo namatti toluu dhabuu danda'a.
3. Itti aansuudhaan, doctorri tuubboo xiqqaa (kateetira) karaa morma gadameessaa (cervix) keetii fi gara gadameessa kee keessa galcha. Akka inni bakka gadi hin dhiifnef afuuffee xiqqoon katatarii irra jiru ni afuufama. Kunis namatti toluu dhabuu danda'a. Namoonni tokko tokko lafatu maraan ykn ni gaggabu, garuu kuni waan nama baay'ee mudatuu miti
4. Sana booda doctorri bishaan fi/ykn hoomacha ujummoo keessa galchuun gadameessa fi ujummoo gadaameessaa (fallopian tube) suuraa kaasa. Kun miira namaa hin tolle tokko tokko fiduu danda'a, garuu yeroo baay'ee waan obsamuudha. Yoo garmalee si dhukkube nutti himi, waldhaansicha dhaabuu dandeenya.
5. Doktarri kee guyyuma sanatti bu'aa qorannoo isaa siif ibsa.

Qormaata booda sa'aatii 24f walqunnamtii saalaa, dhiqannaa fi bishaan daakuu irraa fagaadhu.

**SIS ykn HyCoSy qabaachuu hin qabdu:**

- ulfa taatee jirta tahe
- yeroo ammaa kanatti ykn dhiheenya kanatti infekshinii naannoo qaama saalaatti yoo qabaatte
- sababa hin beekamneen qaamni saalaa kee si dhiiga yoo ta'e
- hoomicha kanaan dura si irratti rakkoo uumee jira yoo tahe

## Gaaffilee yeroo baay’ee gaafataman

1. Ultrasound rakkoo qabaaa?
   Eeyyee, altiraasaawundiin rakkoo hin uumu. Ragaan akka inni nama miidhu muldhisu hin jiru.
2. Waldhaansi kun dhukkubbii qabaa?
   Namoota baay’eef tartiiba raawwii waldhaansaa kana keessatti dhukkubbii itti dhagahamu xiqqaadha. Garuu yoo sitti cimaa ta’e, dhaabuu ni dandeenya.
3. Waldhaansicha duraafi booda qoricha dhukkubbii xiqqeessu fudhachuu dandeessaa?
   Waldhaansi osoo siif hin kennamin daqiiqaa 30 dura qoricha dhukkubbii xiqqeessu kan akka parastaamoolii akka fudhattu si gorsina. Waan kana irratti doktora kee waliin mari’adhu.
4. Marsaan laguu kee dhaabbataa yoo hin taane, ‘guyyaa 10ffaa’ akkamitti adda baafta?
   Yoo laguu kee sirrii hin taane (yeroon isaa yoo wal hin fakkaatin), waldhaansa kana gochuuf yeroo sirrii yoom akka tahe mari'achuuf nu qunnami.
5. SIS yookaan HyCoSy erga raawwatamee booda ji’a sana keessatti ulfaa ta’uun nageenya qabaa?
   Eeyyee, ulfaa ta’uun rakkoo hin uumu.
6. Hoomacha kanaaf alarjii qabaachuu dandeessaa?
   Hoomicha kanaaf allarjii (allergic) qabaachuun baay'ee hin mudatu. Waldhaansichi naannoo nageenya qabutti waan raawwatamuuf alarjii kamiyyuu battalumatti yaaluun ni dandeenya.
7. SIS ykn HyCoSy balaan uumuu dandayu jiraa?
   Yeroo waldhaansi gaggeeffamu baakteeriyaa (jarmii) gara qaama saalaa keessanitti galchuuf carraan xiqqaan jira. Osoo waldhaansicha hin eegalin dura qaama saalaa fi qaama gadameessaa qulqulleessuun balaan kana hir’isa. Carraan infeectinii namoota 100 keessaa gara 1 ykn 1 % ta'a.
8. Infeekshinii naannoo qaama saalaatti (pelvic infection) qabaachuu kee akkamitti beekta?
   Mallattoowwan beekamoo ta’an keessaa kanneen akka dhukkubbiin ykn miira gaarii dhabuu garaa gara gadiitti(garaa), dhangala’aan namatti hin tolle qaama saalaa irraa bahuu ykn akka waliigalaatti guyyoota adeemsa kana booda miira fayyaa dhabuu namatti dhagayamuu.
9. Infekshinii qaba jettee yoo shakkite maal gochuu qabda?
   Doktora maatii kee bira deemi. Infeeckshiniin yoo hin waldhaanamin tahe ulfaawuu irratti rakkoo daran hammeessuu danda’a.
10. Waldhaansicha booda dhiigni xiqqaan dhangala’uun waanuma jiruu?
   Eeyyee, qorannoo booda guyyoota 1-2f dhiigni xiqqaan mul’achuun waanuma jiruudha.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii

**Lakkoofsa Bilbilaa Kabaja Biyyaalessaa 1800**

Namoota miidhaa saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamaniif deeggarsa godhamu.
1800 737 732 (tajaajila deeggarsa sa’aatii 24)
1800respect.org.au

## Nama afaan hiiku si barbaachisa?

Interpreter Nama afaan hiiku barbaadda yoo tahe, gaafachuu dandeessa.

**Hubachiisa:** Waraqaan odeeffannoo kuni odeeffannoo waliigalaa qofa kenna. Waa’ee fedhii kunuunsa fayyaa dhuunfaa keetiitiif gorsa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan dubbistanii gorsa argachuu dandeessu Royal Women’s Hospital ogeessa fayyaa ilaaluu dhiistanii waraqaa odeeffannoo kana irratti hundaa'uun kasaaraa ykn miidhaa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo yaala hatattamaa barbaaddan, maaloo kutaa balaa tasaa (emergency depertment) isinitti dhihoo jiru qunnamaa.